



**Qajeelfama Sadarkaa Guddina Barsiisotaa**

**Biiroo Barnootaa Oromiyaa**

**Caamsaa bara 2010**

**Finfinnee**

## **Qajeelfama Sadarkaa Guddina Barsiisotaa**

### **Kutaa Tokko**

#### **1.1. Mata dure Gabaabaa**

- ❖ Qajeelfamni kun manneen barnoota Idileen dura, sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaa fi Qophaa'ina, Mootummaa keessatti kanneen hojjetaniif qajeelfama raawwii sadarkaa guddina jedhamee moggaafamuu ni danda'a.

### **Kutaa lama**

#### **1.2. Daangaa Raawwii Qajeelfamichaa**

- ❖ Qajeelfamni kun barsiistota barnoota Idileen dura, sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaafi mannen barnoota Qophaa'ina mootummaa keessa hojjatan kan ilaallatu ta'a.

#### **1.3. Hiika:**

Galumsi jechichaa amma hiikni biroon itti hinkennamnetti qajeelfama kana keessatti:

- 1.3.1. “**Mana barumsaa barnoota idileen duraa**” jechuun marsaa barnootaa daa’imman mana barumsa idilee osoo hin galii dura wagga tokkoo hanga saditti barachuun bakka mana barumsaa idileef itti qophaa’an jechuudha;
- 1.3.2. “**Barumsa waliigalaa**” jechuun caasaa barnootaa keessatti barnoota idileen duraatii hanga sadarkaa lammaffaa marsaa lammaffaa (qophaa’inaatti) kan haammatu jechuudha;
- 1.3.3. “**Mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa**” jechuun barnoota sadarkaa tokkoffaa marsaa barnootaa kutaa tokkoo hanga kutaa saddeetii(1-8) kan haammatu jechuu dha. Marsaan jalqabaa kutaa tokkoo hanga afurii( 1-4) yoo ta’u marsaan lammaffaa kutaa shanii hanga saddetii ( 5-8) ta'a.
- 1.3.4. “**Mana barumsaa sadarkaa lammaffaa**” jechuun barnoota sadarkaa 2ffaa kutaa sagalii hanga kudha lamaatti kan jiru ta’ee, marsaan jalqabaa sadarkaa lammaffaa (kutaa 9-10)fi marsaan lammaffaa (qophaa’ina) kutaa 11-12) jedhamee kan qoodamuu dha.
- 1.3.5. “**Barsiisaa**” jechuun dhaabbilee leenjii barsiisotaa mootummaa keessatti ogummaa sadarkichaaf barbaachisuun leenjiifamee ragaa barnootaa qabatee

sadarkaa barnoota waliigalaatti barsiisummaan qacaramee kan barsiisaa jiru jechuudha.

- 1.3.6. “**Sadarkaa barumsaa**” jechuun barsiisaan tokko koollejji barnoota barsiistotaa keessatti leenjii isaa xumuree sadarkaa barumsaa kennamuuf yoo ta’u, kutaa kudhan (10) yookaan kutaa kudha lama (12) xumuree waraqaa ragaa waggaa tokkoo, dippilomaa (10+3) yookaan 12+2, digrii jalqabaa (BA/BSC, BED) leenjii PGDT dabalatee barnoota digirii 2ffaa barsiistota qophaa’inaaf (MA/MSC)n kan eebbfame jechuudha.
- 1.3.7. “**Sadarkaa guddinaa**” jechuun barsiisaan tokko safartuu qajeelfama raawwii sadarkaa guddinaa madaalamee sadarkaa tokko irraa gara sadarkaa itti aanutti tartiiba isaa eeggatee guddachaa deemuu jechuudha.

#### **1.4. Raawwii Qajeelfamichaa**

##### **❖ Qajeelfama raawwii Sadarkaa Guddina Barsiisootaa**

- 1.4.1. Caasaa barnoota jalatti barsiistonni marsaa barnootaa keessatti barsiisaa jiran sadarkaa barnootaa gita sanaaf barbaachisu yoo guutan sadarkaa guddinaa kanaan fayyadamtoota ta’u.
- 1.4.2. Qabxii 1.4.1 jalatti kan ibsamee akkuma jirutti ta’e, barsiisooni Sadarkaan barnoota isaanii marsaan barnootichaa barbaadu ol yoo ta’e, marsaa barnootaa sadarkaa barnoota isaanii waliin walgitu irratti ramadamanii kan hojjetan ta’u. Yoo kana ta’uu baate sadarkaa kana keessatti fayyadamtoota hin ta’an.
- 1.4.3. Sadarkaa guddina barsiistotaa hanga barsiisaa olaanaa dursaa(gulantaa torbaffaa) qofatti ture gara sagaliitti akka ol guddatan taasifameera. Haaluma kanaan gulantaan sadarkaa guddina brasiisaa dursaa olaanaa kan ture, barsiisaa dursaa olaanaa I, barsiisaa dursaa olaanaa II fi barsiisaa dursaa olaanaa III, jedhamee gara gulantaa sagaliitti akka ol guddatu taasifameera.
- 1.4.4. Barsiistonni sadarkaa guddina jalqaba irraa hanga dursa olaana IItti jiran turtii isaanii yeroo xumuran qabxii raawwii hojii barbaachisu kan guutan yoo ta’e gara gulantaa isa itti aanutti kan guddatan ta’u.
- 1.4.5. Barsiisaan barumsa isaa sadarkaa kamittuu carraa mootummaan kenneen fooyeffate mindaa fooya’insa barnoota irra gahu guyyaa seenetiin murteesee ragaa barumsa isaa dhiheeffatee kaasee guddina argachuu ni danda’a.

- 1.4.6. Barsiisaan Dhuunfa isaatiin yuunivaarstii mootummatti barnoota ogummaa Barsiisummaan barachaa jiru baajani fooyyeffannaakka qabamuuf durseewaajjira barnoota aanaa iyyataan beeksiisuu qaba.
- 1.4.7. Barsiisonni buuleyyin barumsa isaanii gara digirii duraatti fooyyeffatan ragaa PGDT dhiheeffachuun osoo isaan hin barbaachifne fooya'insa minda gulantichaaf eeyyamamee kan argatan yoo ta'u sadarkaa guddinaafi carraa barnoota gara MA/MSC barachuu kan danda'an PGDT fudhachuu isaanii ragaa kan dhiyeffatan yoo ta'e qofaa dha.
- 1.4.8. Barsiisoota Bara 2008 dura barnoota isaani gosa barnoota al kallatiin barnoota fooyyafatanii manajimaantii BBOn yeroo sana ragaa isaanii dhiyeffatan akka guddatan waan murta'eef guddinni isaani kan itti fufu ta'a.
- 1.4.9. Haala mijeesitoota immaammata barnoota duriitiin kutaa 12 fi haaraa kutaa 10 xumuranii kanaan dura kontiraataan qaxaramanii hojii barsiisummaa irratti bobbo'anii akkaataa jildii tokkoffaa kutaa lama fuula 19 lakk.10.4 irratti ibsutti sadarkaa guddinaa argachuuf hojjataa mootummaa Dhaabbii ta'uu akka qaban waan ibsuuf, sad.Guddinaa argachuuhin dan'an. Haa ta'uu malee yeroo barnoota isaanii fooyyeffatanii ogummaa barsiisummaan eebbfamanii bahan ka'umsa mindaa B/saa/tuu Dippiloomaa kanfalameefii dhaabbiin akka qaxaraman ta'a.
- 1.4.10. Barsiisonni leenjii BID (barnoota idileen dura)tiin xumuranii sartafikeetin kennameefii hojii barsiisummaa irratti bobbo'anii jiran mindaan Ka'umsaa iddichaaf eeyyamamee kan kanfalamuuf ta'ee, turtii isaanii eegee sadarkaan guddina kan hojjatamuuf ta'a.
- 1.4.11. Barsiisoonni labraatooriin eebbfaman manneen barnoota keessatti hojjachaa jiran akkuma barsiisaan kamiyyuu yeroo turtii fi ulaagaa barbaachisuu guutaniikan guddatan ta'a.
- 1.4.12. Barsiisooni waggaan sadaffaan KBB keessaa bahan hojii barsiisummaa irratti bobba'anii jiran tajaajilli isaanii qabamee sadarkaa guddinaa kan argatan ta'a.
- 1.4.13. Guddinni sadarkaa barsiisootaa yeroo qaxarrii irratti hunda'ee kan hojjatamu yommuu ta'u, barsiisonni Qaxarriin isaanii Adoooleessa tokkoo hanga Mudde 30 gidduutti qaxaraman Amajji tokko kan guddatan yoo ta'u akkasumas barsiisoonni Amajji tokkoo hanga Waxabajji 30 gidduutti qaxaraman Adoooleessa tokko kan

guddatan ta'a, qajeelfamni kun kan ilaallatu barsiisota buuleeyyii fi kan kana booda qaxaramanis ni dabalata.

- 1.4.14. Turtiin yeroo sadarkaa guddina barsiisota barsiisaa jalqaba irraa gara barsiisaa G/Galeessatti wagga lama yoo ta'u gulantawwan hafan irratti guddachuuf turtii wagga sadii ta'a.
- 1.4.15. Barsiisonni hojiif gara waajjira birootti jijiiramanii hojjatan gara ogummaa barsiisummaatti deebi'uuf iyyatan akkaataa qajeelfama publiik sarviisii fi misooma qabeenya humna namatiin kan raawwatamu ta'a.
- 1.4.16. Barsiisaan tokko guddina sadarkaa itti aanu argachuuf turtii isaa xumuree cuunfaan madaallii barsiisaa jalqaba gara barsiisaa G/Galeessa % 60, Barsiisaa G/Galeessa gara Barsiisaa %65 ,Barsiisaa irraa gara Barsiisaa Olaana %70 Barsiisaa Olaana irraa gara Gargaara Dursa % 75, Gargaara Dursa irraa gara Dursa %80 Dursa irraa Dursa ol aanaa I %85 Dursa ol aanaa I irraa Dursa ol aanaa II %85 ta'a Dursa ol aanaa II irra gara Dursa III Qajeelfamaan of dura kan bahu ta'a.
- 1.4.17. Barsiisaan sadarkaa guddina kan argatu iyyata mana barumsatti galfatee Koree sadarkaa guddina mana barumsatiin madaallii barsiisaa fi yeroo turtii isaa kan eegee ta'u eega mirkanoeffatameen booda koree boordii mana barumsatiin mirkana'ee waajjira barnoota Aanaatti dhiyaate baajani qabamee kafaltiin kan raawwatamu koree sadarka guddina aanaatiin mirka'ee ta'a.
- 1.4.18. Barsiisooni sababa quubsaa ta'een hojii gadii lakkisanii hojiitti deebi'uuf iyyata kan galchatan waajjira Barnoota aanaa fi Godina duraan irra turan irratti ta'ee baajanni yoo jiraatee fi aanaan yoo ragaa barsiisaan dhiyeffatu itti amane hojiitti deebi'uu ni danda'a.
- 1.4.19. Barsiisonni mana barumsa dhuunfaa barsiisaa turanii dorgommiin gara mootummatti deebi'an yeroo qaxarriin isaani raawwatamu tajaajila isaanii kan qabsiisaan yoo ta'ee fi ragaa seena isaani ibsuu faayila keessa kan galfatan yoo ta'e tajaajilli isaani jijiirradhaafi dorgommii adda addaatiif kan isaan gargaaru ta'a.

### **Kutaa sadii**

## **1.5. Haala Hundeffama koree sadarkaa Guddina Barsiisootaa**

### **1.5.1. Koreen sadarkaa Guddina sadarkaa manneen barnootatti**

- i. Dura taa'aan mana barumsaa walitti Qaba
- ii. I/A Dura taa'aaa yookiin walitti qaba koree Misooma barsiisoota mana barumsaa barreessaa
- iii. I/A Dura taa'aa mana barumsa baru barsiisuu yookiin Itti gaafatama kochoo Miseensa.
- iv. Miseensa waldaa Bu'uura mana barumsaa dhiira tokkoofi dubarri tokko miseensa ta'u.
- v. Muummee barsiisaan guddatu keessa jiru keessaa I/Gaafataman miseensa ta'a.
- vi. Dura taa'an GMB Manneen barnoota miseensa ta'a.

### **1.5.2. Gahee hojii koree sadarkaa mana barnoota**

- a) Qajeelfama bu'uurreeffachuuun karoora bu'aa irratti xiyyeffateen madaallii barsiisoota raawwatamu ni mirkaaneessa.
- b) Madaalliiin barsiisaa Qabxii akka istaandardiitti sadarkaa guddinaaf geessuu ta'u ni mirkaneessa.
- c) Barsiisoota sadarka guddina qaban bara bajaatatiin adda baafamanii ni qindeessu.
- d) Barsiisoota bara bajaata sana keessaa sadarkaa guddina qaban akkaata qajeelfamatiin filachuun qaboo yaa'ii waliin qaama mirkaneessuuf (boordii mana barnoota) dhiyeessuu dha.
- e) Koreen Boordii mana barnootas ragaa barsiisoota ilaaluun akkaata qajeelfamaatiin barsiisaa ulagaa guutee kan guddina isaa/ishee mirkaneessan yoo ta'u kan ulaaga hin guunee haquu ni danda'uu.

### **1.5.3. Koree sadarkaa Aanaa**

- i. I/A Waajjiraa Barnoota Aanaa W/Qaba.
- ii. Raawwatoota Misooma barsiisoota Nama lama keessaa tokko barreessa yoo ta'u tokko immoo miseensa ta'a
- iii. Walda barsiisoota aanaa keessa nama lama keessa dubaraa tokko fi dhirri tokko miseensa ta'u.

#### **1.5.4. Gahee hojii Koree sadarkaa aanaa**

- a) Ragaa barsiisoota maneen barnoota irraa walitti qabuun haala qajeelfamatiin qinda'uu isaa mirkaneessuu..
- b) Ragaan manneen barnoota irraa dhufee akkaataa qajeelfamatiin raawwatamuu isaa mirkaneessuun ragaa qinda'ee Koree boordii aanaatti dhiyeessuun mirkaneessuu dha.
- c) Kutaal karoora waliin ta'uun barsiisoota sadarkaa guddina qabaniif bajaanni akka qabamu gochuu dha.
- d) Barsiisoota sadarkaan guddina eeyyamameef xalayaan akka kennamuuf hordofuun hojii irra ni oolchu.

#### **Kutaa Afur**

#### **1.6. Haloota Barsiisa Sadarkaa Guddinaa Dhoowwan**

- 1.6.1. Barsiisaan adabbii namuusa cimaan adabamee adabbii isaa kan hin xumuree yoo ta'ee
- 1.6.2. Barsiisaan sadarkaa guddina qabu mana barnumsa itti hojjataa jirutti iyyataa yoo dhiyeeffachuu baate
- 1.6.3. Cuunfaan madaalli bu'aa irratti xiyyeeffate Qabxii sadarkaa guddina gulantaaf taa'ee gadi yoo ta'e guddachuu hin danda'u.
- 1.6.4. Barsiisaan sababa adda addaatiin hojii barsiisummaa addaan kutee yoo hojitti deebi'u turtii wagga barbaachisu kan hin guunne yoo ta'e guudachuu hin danda'uu.

#### **Kutaa Shan**

#### **1.7. Gaafatamummaa**

- 1.7.1. Qaamni barsiisaa sadrkaa guddina argachuu hin qabnee guddiseefi barsiisaa osoo sadarkaa guddina qabu sababaa ragaa isaa osoo hin guutiin hambise akkaal Labsii 104/97 keewwata 87/3tiin seeraaf dhiyaatee kan adabamu ta'a
- 1.7.2. Barsiisaan/Hojjataan ragaa soba dhiyesse waajjira dogogorse yakka amantaa hir'isuun himatamee kan adabamu ta'a.

#### **Kutaa Ja'a**

#### **1.8. Haala Dhiyeeffana komii**

Akkaataa danbii lakk.36/96 keeyyata 30 fi 31tti barsiisaan tokko dhimma hojiin walqabatee komii qabu kamiyyuu itti gaafatama mana hojii isaatti iyyata dhiyeeffachuun furmaatni akka kennamuuf gaafachuu ni danda'a. Barsiisichi furmaata yoo dhabe yookiin furmaanni kennameef

quubsa/gaha miti jedhe yoo amane koree komii qulqulleessituu mana hojichaatti dhiyeffachuu ni danda'a.Korichi akkaataa danbii Lakk.36/96 keeyyata 32 irratti ibsameen

- a) Iyyannoo komichaa fi ragaalee haala qabeessa ta'ani ni qorataa
  - b) Seerota,Danbootaa fi qajeelfamoota xinxaluudhaan
  - c) Itti gaafatamaa mana hojii waliin dubbachuudhaan komii dhiyaatee qulqulleessuudhaan yaada murtii itti gaafatamaa mana hojiichaaf ni dhiyeessa.Murtiin itti gaafatamichaan barsiisichaaf kennamuu barreeffamaan ta'uu qaba. Barsiisichi murtiin kennameef quubsaa mitti jedhee yoo amane ragaa murtii korichaa fi itti gaafatamaa mana hojichaatiin kennameef iyyata waliin waajjira Barnoota Godinatti dhiyyefate murti kan argatuu yoo ta'u kunis yoo quubsuu baate murtii dhuma Oromo Barnoota Oromiyaa kan kennu ta'a.
- 1.9. Koreen komii dhageeffatu mana hojii keessaa kan hunda'uu ta'e namni lama miseensa mana hojitiin kan filatamuu yoo ta'u **Qondaalli naamusa** walitti Qabaa ta'a.

### **Kutaa Torba**

#### **1.10. Waa'ee Qajeelfamicha Fooyyessuu**

Biroon Barnoota Oromiyaa fi waldaan Barsiisoota Naannoo Oromiyaa waliin ta'uun rakkowwan fi qaawwaa hojii irratti mul'atan hiikuudhaaf barbaachisaa ta'ee yoo arge qajeelfama kana fooyyessuu ni danda'a.

#### **1.11. Dhimmoota Qajeelfama kanaan Hin Hammatamiin**

Qajeelfama kana keessatti dhimmoonni hin hammatamne qajeelfama sadarkaa guddina barsiisoota duranitiin raawwatamu.

#### **1.12. Qajeelfamni Kun Yeroo Hojii irra Oolu**

Qajeelfamni kun Caamsaa 2010 irraa eegalee hojii irra ni oola

**Dr.Tolaa Bariisoo**

**Hogganaa Biirro Barnoota Oromiyaa**

**Caamsaa, 2010**